

مؤسسة دار الفكر
Dar Al-Fiker Foudation
مفتحي - اثيوبيا



AL-SHURA

Ahmad Al-Raysuni

SADARKAA MARIII
ISLAAMUMMAA KEESSATTI

Qopheessaan:

Ahmad Al- Reeysuuni

Hiikaan:

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

Finfinnee - Itiyoophiyaa 2018

AL-SHURA

Ahmed Al-Raysuni

**Sadarkaa Marii
Islaamummaa Keessatti
Qopheessaan:
Ahmad Al- Reeysuuni**

Hiikaan:

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al
Fikiriitiif Seeraan Eggamaadha*

Finfinnee – Itiyoophiyaa 2018 G.C

DF-E-TrBs-18/42

Kitaabota Dhaabbata Yaada Islaamaa Idil-Addunyaa (IIIT)- Gabaabaa

Kitaabni IIIT-gabaabaan walitti qabama kitaabota ijoo dhaabbatichi maxxansu, kan gabaabsamee akka dubbisaan ijoo ergicha bu'uuraa hubatutti qopheeffamedha. Gabaabsamee dubbisuuf salphifamee akka yeroo qusatutti qopheeffame. Cuunfaan kun dubbisaadhaaf ibsa gabaabaa barruulee gurguddoo kenna. Akkasumas dubbistoonni akka dabalata barbaadan godha.

Sirni Marii Qur'aanaa kan Ahmad al-Raysuunii bara 2011 maxxanfame. Muslimoonni baay'een faayidaa fi gatii sirna marii Qur'aanaa, shooraa inni gddinaa fi haaromsa hawaasa Muslimaa keessatti taphatu osoo hin hubatin hafan. Kitaaba kana keessatti abbaan kitaabichaa hiikkaa ijoo fi shaakala marii barsiisuu fi qorachuu irratti xiyyeeffata. Akkasumas seenaa jijjiirama isaa ibsa, akka seerichi ittiin fudhatamu, dhaabata horatuu fi hawaasa Muslimaa keessatti hojii irra oolu tooftaa barbaada. Shakkii tokko malee mariin addunyaa Muslimaa keessatti moggaatti dhiifamee jira. Sababni kanaas akka seenaattis, akka siyaasaattis wal-xaxaadha.

Akka abbaa kitaabaatti kitaabban hedduun mata-duree kana irratti barreeffamuu wajjiinbifa jijjiirama hin finneen hojii irra oole, akka maleetti wallaalame. Ammumayyuu dhimma ho'aa irratti wal-dhabamaa jiruudha. Akkuma mariin adeemsa dimokraasii kan murtee kennuutiin wal-fakkaataa deemuun falmiin ho'aa deema. Falmiin kunis gama tokkoon gufuu mormii ilaalcha dimokraasii warra dhihaa wajjiin wal-fakkeessuu jedhuu ennaa ta'u gama biraatiin immoo qabaa jiddu galeessummaa

aangoo (aangoon nama tokko qofa harkatti galuu) cabsuudha jechuun warra dubbatuudha. Kunii fi kan biraa beekumsa suuta jedhanii ilaaluutiin argame.

Al-Raysuuniin mariin hawaasa Muslimaa hunda keessatti akka seera jiruutti fudhatamuu qaba jechuudhaan goolabe. Kunis fedhii ummataa eeguuf, irra deebi'anii ijaaruu fi haaromsuuf meeshaa bu'a qabeessa. Kana gochuudhaan dhimmichi/mata durichi rakkoo gama tokkoon jiru dhiheesse, bakka hanga ammaatti xiqqoo qoratames ni ibse.

SEENSA

Shuuraa yookii mariin meeshaa deebisanii ijaaroo fi haaromsaaf fayyadudha. Qur'aana keessatti ibsamee jira, hojii Nabi Muhammad (SAW) ⁽¹⁾ fi waahillan isaanii keessattis itti akeekamee (mul'ifamee) jira. Yeroo ammaa kana hawaasni Muslimaa bal'aan waa'ee *shuuraa*, barbaachisummaa isaa fi bakka inni qabuuf bakka kennuu dhiisanii jiru. Manneen barnoota Islaamaa seerichi yooma akka dirqama ta'uu fi dhimma kamtu marii barbaada kan jedhu irra jireessi adda hin baafanne.

Akka yeroo ammayyaa kanatti shuuraan (mariin) adeemsa murtee kennuu keessatti sirna dimokraasiitiin walitti hidhata qaba. Kunis beekumsa gahaa Qur'aanaa fi sunnaa (hadiisa) qabaachuudhaani. Gama biraatiin immoo *shuuraa* dimokraasii wajjiin hojjachuu irratti komiitu ka'a. Addunyaan Muslimaa har'a siyaasaa abbaa irrummaa keessatti liqimsaman kun jiruu dhuunfaatis ta'ee kan hawaasaa tiksuum, deebisanii ijaaroo fi haaromsaaf *shuuraa* akka meeshaatti qabachuu qabu. Kitaabni kun qajeelfamni *shuuraa* akkamitti akka Hawaasa Muslimaa keessa seenuu fi akkamitti akka hojiitti hiikamu ibsa.

Mata-duree kana irratti kitaabbanii fi barruulee dhibbaan lakkaa'amu waggoota kurna boodaa kana keessa bahuu wajjiin hubannoon marii (shuuraa) ammallee dhokataa (dukkana) ta'ee jira. Dameewwan shuuraa hedduun immoo dhiheeffamaa jira.

⁽¹⁾ SAW- jechuun Sallallaahu Alayhi Wasallama jechuu irraa kan gabaabsame ennaa ta'u hiikni isaa 'Salawaanni (rahmanni ykn dhiifamni) fi nageenyi Rabbii isa irra haa jiraatu jechuudha'. Innis ennaa maqaan nabi Muhammad dubbatame booda jedhama.

Kitaabni kun qabiyyee marii bu'uuraa fi akkamitti akka hojiitti hiikuun sochii hawaasa Muslima addunyaa gargaaruuf oola kan jedhu irratti xiyyeeffata. Maddi kitaabichaa tooftaa fi qajeelfama baasuu kan qur'aana kabajamaa irraa fudhatame, qabatama (taatee) jiruu Nabi Muhammad (SAW) fi fakkii *Kaliifaa* (bakka buutota) qaqqajeeloo irra fudhatame irratti hundaa'a. Barruulee hedduu Qur'aana kabajamaa fi aadaa Nabiiyii irraa ta'e marii jiruu hundaa wajjiin wal-qabsiisa: afuura, faayidaa/meeshaa, dhuunfaa fi gamtaa fa'a.

Boqonnaa Tokko

Jiruu Islaamaa Keessatti Iddoo Mariin Qabu

Ennaa marii fi ragaa isa deeggaru kitaaba seera-qabeessa Islaamaa keessaa ibsuuf jedhan beektonnii fi barreessitoonni keeyyatoota (aayatoota) lama irratti xiyyeefatu. Isaanis: 42:38 fi 3:159. Keeyyatoonni kun waliin haasa'a Rabbiin (SW) ⁽²⁾ waa'ee Aadam uumuu fi egeree hortee isaa dachii keessatti godhuu ilaalchisee adeemsisan ibsa. Beekaan duraanii Muhammad Xaahir ibni Aashuur akka jedhanitti Rabbiin falmii/marii kana kan inni malaa'ikaa isaa wajjiin adeemsiseef mala'ikaa kabajuu fi barsiisuudhaafi. Akkasumas dorgommii isaan beeksisuufi (wahyiii itti godhuu). Mariin yeroo uumaa jalqabaa argamuun dhala namaatiif qajeelcha (gorra) kennuufi.

Dhimmi biraa kan qooda kana keessa seenuu qabu marii Ibraahiim waa'ee ajaja isaan Rabbii isaanii irraa fudhatan irratti ilma isaanii Ismaa'iil waliin godhaniidha. Gaafiin Ibraahiim ilma isaanii ni wareeguu (ni gorra'uu)? jedhu ajaja Rabbiitiin taa'ee jira. Garuu Ibraahim **“Maaltu sitti dhagahama/maaltu siif mul'ata?”** jedhan. Ilmi isaanii **“Yaa Abbaa kiyya waan itti ajajamte hojjadhu, yoo Rabbi jedhe obsitoota irraa ta'uu koo ni agarta”** jedhe. (Assaaffaat 37:102). Ibraahiim ilma isaa gorra'uuf ajaja jabaan Rabbiin biraa fudhate, garuu ammallee isaan dhimmicha irratti ilma isaanii mari'achiisan.

⁽²⁾SW- jechuun Subhaanahuu Wta' alaa jechuu irraa kan gabaabsame ennaa ta'u hiikni isaa immoo Rabbiin qulqullaa'e, ol-tahe jechuudha.

Barruuleen jiran, akkasumas Keeyyatoota Qur’aanaa hedduu kan jiruu nama dhuunfaatiif bu’uura marii lafa kaa’a: jidduu abbaa manaa fi haadha manaatti, jidduu maatii fi ijoolleetti, inumaa dhimmi wal-dhabbii fi hiikkaa (addaan bahiinsaa) keessattilee. Mariidhaan faayidaalee kan biraa hedduu argama. Ennaa akka ibsa Ibni Aashuurii fi hiiktota Qur’aanaa birootti ilaallu inni marii akka gocha/hojii hawaasaa kan Rabbiin warra duraa qubsiise jedhu.

Fakkeenya biraatiin, “Walii galtee fi mariin waliinii” keeyyata Qur’aanaa keessatti ifatti ibsamee jira. Murtee dhimmi harma hoosisuu irratti itti fuftii kan jedhu irratti dubbatamee jira. Qur’aanni akkana jedhe: “... **yoo fedhii fi marii jara lamaaniitiin guusisuu fedhan badiin isaan irra hin jiru**” (Qur’aana 2:223). Kanaafuu dhimmi mirgaa fi dirqama daa’immanii hoogganuun itti gaafatama jidduu haadhaa fi abbaa mana jidduutti qooddatamuudha. Kan jaalalaa fi marii irratti hundaa’ee fi kan fedhii daa’imaatiif caalaa tahe irratti waliif galu.

Qindoominni inni dhimma daa’imman suutaan ilaallu fedhuu fi daa’imman tiksuuf tajaajilu gara laafinaa fi gaarummaa Rabbii ibsa. Maatummaan (maatii tahuun) waliin marii jidduu maatiitti ta’uun hoogganuutti waama. Yookii kan jidduu maatii fi ijoolleetti tahu. Kun kan ta’u ennaa inni/isheen sadarkaa murtii/marii gahe/geesseedha. Akkasuma maatiin ijoollee dardaraa akka isaan sirni marii karaa jireenyaa ta’uu barataniif wajjiin mari’achuu qabu. Mariin dhimmoota akka gaa’ilaa ijaaruu, dhimma maatii fi ijoollee guddisuu (barsiisuu) fi haalota wal-dhabbii fi falmii qabu of keessatti qabata.

Shuuraan gaaffiiwwan duraanuu lafa jiran yookii gaaffiiwwan duraanuu deebiin isaanii beekameefuu adeemsifamuu qaba. Mariin bu'aa fi faayidaawwan hedduu qaba. Isaan keessaa: gorsa (ykn *nasiihaa*) barbaaduu, ajaja, badhaasa kabajaa fi nama biraatiif fakkeenya tahuu fi akka irraa barataniid dorgoman gochuudha. Mariin dhimma duraanuu murteeffameef kan barbaachisuu fi itti dhimmamu yoo ta'u dhimmoota wal-xaxaa fi qabxii ilaalcha wal-dhabbi qabu keessatti immoo caalaa barbaachisaadha.

Mariin dhimma nama dhuunfaa wajjiinis walitti hidhata barbaachisaa qaba. Kunis dhimma nama dhuunfaa irratti gabaabbatu, kan nama dhuunfaa tokkoo fi kan biraa jidduu jiru, kan abbaa manaa fi haadha manaa jidduu jiru, kan jidduu maatii fi ilmaanii jiruu fi dhimmoota hawaasaa gurguddaa ta'uu danda'a. Dhimmi marii hawaasaa keeyyata Qur'aanaa lama keessatti ibsamee jira. Keeyatichis akkana jedha: **“Dhimmi isaanii (kan waliinii hundi) jidduu jaraatti mariidhaani.”** (Suuraa Shuura: 42:38), Rabbiin Nabiyyii isaatiin akkana jedhe: **“Dhimma (hawaasaa hunda) keessatti jaraan mariyadhu”** (Aala Imraan 3: 159)

Mariin suuraa 42 keessatti amala Muslimaa bu'uuraa warra dhima waliinii hunda keessatti maryatuu wajjiinifatti dubbatamee jira. Akkasuma beektonnis madda hojii marii kanaa fi amaloota biro kan akka *elementii* (kan inni irraa ijaaramu) barbaachisaa fi bu'ura Islaamummaatti fudhatamaniif beekamtummaa kennaniiru.

Keeyyanni 3:159 Nabiyyii Rabiitiif dandeettii isaa keessatti akka qajeelchaa, barsiisaa, ajajaa, hooggansaa fi kan gara Rabbiitti waamuutti kennameef. Shoorri kun akka inni nama jabaa, gaarii fi nama kaaniif gara laafaa ta’u ajaja. Kufiinsi jaraatii fi ennaa jarri dogoggoran irra darbuufii, akkasumas inni nama biraa mari’achiisuu fi yaada isaaniitiif bakka kennuu barbabaaduu faadha. Ajajni Rabbii akka inni waahillan isaa wajjiin marii godhuuf ergamaa Rabbiitti kenne nama isa fakkaatu, hoogganootaa fi *gorsaa /lallabaafis* akkanuma. Keeyyatiichi akka seera bu’uura mootummaa fi hooggansa Islaamaatti ilaalama. Akkasumas hariiroo hooggantoota Muslimaa fi ummata isaan bulchanuu jidduuttis.

Waahilli ergamaa Rabbii (SAW) Abuu Hurayraan akkana jedhe: **“Ergamaa Rabbii caala nama waahillan isaatiin marii godhu hin agarre.”**⁽³⁾ seera Islaamaa keessatti ajajni dhimmoota hawaasaa hunda keessatti isaaniin mari’adhu jedhu hooggantoota, pirezidaantii fi abbootii aangoo biroo irrattis hojii irra oola, dirqama ta’uu qaba. Inni Nabiyyiidhaaf iyyuu dirqamaa nama biraatiif immoo sana caala dirqama.

Jechi Rabbii kaan **“Dhimmi isaanii (kan waliinii hundi) jidduu jaraatti mariidhaani.”** Jedhu dhimma hawaasaa hunda keessatti kan marii hawaasa hunda hirmaachisuu fi nam-tokkolleen: imaamaa fi hooggantoota biraas dabalatee akka kophaatti ittiin adda bahuu mirga hin qabne akeeka. Bu’uurri barbaachisummaa marii mirga uumamaa kan waliinii fi faayidaa

⁽³⁾Tirmiziitu kitaaba isaa Mata duree Jihaadaa keessatti gabaase.

dandeettii kan waliinii yookii miidhaa murtee kenname irraa dhufuuti.

Waan hunda keessatti gochi marii nama biraa barbaaduu seera, kan faarfamauu qabuu fi hiika ergamaa Rabbii hordofuuti. Mariin dhimma hin barbaachisne osoo hin taanee hojii itti ajajamaa fi barbaachisaadha. Kun kutaa baay'ee barbaachisaa fi aadaa gaarummaa marii dubbatuu fi warra isa keessa hojjatu kan faayidaa barbaachisaa gorsa nama biraa fudhachuun qabuuf yaada namaa butuudha.

Fakkeenya Nabiyyii irraa fudhatamee fi kan beektonni mirkaneessan irratti hundaa'uudhaan, *shuuraa* (mariin) siyaasaa fi dhimma addunyaa hunda keessatti hojii irra oola. Seeruma kana fakkaatutu nama bakka seeraa fi abbaa murtii jiruufis hojii irra oola. Bakki baay'een mariin itti barbaachisu sadan: siyaasaa, hawaasummaa fi humna waraanaati. Ajajni ergamaan Rabbii (SAW) akka namaan mari'atan ajajaman dhimmi daangeffamaan yoo hin jiraatin bakka baay'eetti akka hojii irra ooluutti hiikame. Garuu yeroo seerri Islaamaa ibsa ifaa qabu marii fi filannoo adda addaa barbaaduun hin barbaachisu.

Gama biraatiin bakki mariin itti barbaachisu bakka ibsi Qur'aanaa kallattiidhaan hin jirretti *Qiyaasa* (dhimma isa fakkaatu irratti hundaa'uun murtii wal-fakkaatu kennuu), *istihsaanaa* (waan gaariitti fudhatamuu) fi *islaaha* (waan faayidaan ummataa isa keessa jiru) irratti hundoofnee murtee kennuuf bakka nu barbaachisetti. Akka Ibni Abdal-Barriin dubbatanitti Aliyyiin Ibni Abii Xaalib akkana jedhe: “Gaafa tokko ergamaa Rabbiitiin **‘Yaa ergamaa Rabbii! Dhimmoota**

Qur'aana keessatti waa'een isaa hin buufamin, kan hordofuudhaaf fakkeenyi wahii sirraa hin argamin keessatti akkam goona?' jedhe. Ergamaan Rabbii 'Beektota Muslimaa (yookii Warra Rabbiin gabbaran) walitti qabaatii dhimmicha irratti mri'achaa! Marii keessan yaada nama dhuunfaa irratti hin hundeessinaa!' ”jedhan ⁽⁴⁾

Ibnu Umar shuraan aadaa/seera azaanaa dagaagsuudhaaf hojii irra oole jedhe⁽⁵⁾. Nabiyyiin karaa gaarii ittiin amantoota gara salaataatti ittiin waaman irratti marii adeemsisan. Isaan ibsa Rabbiin biraa taa'ee hin eegne yookii hin gaafanne. Garuu qajeelfama seeraa-qabeessa, kan ergaan Qur'aanaa jiruu fi kan dhimmicha keessatti akka madda bu'uuraatti fayyadu keessatti marii gochuun ergamaa Rabbii irraa hin baratamne. Garuu warroota dhimmi ilaalu kan booda isaanii dhufaniif dhaaman.

Dabalataanis mariin dhimma jiruu Muslimaa keessatti barbaachisaadha. Bulchiinsi abbaa murtii nama dhuunfaa fi hawaasa miidha, inumaa mootummaa fi biyyallee miidhuu danda'a. Hadiisni Nabiyyii fi aadaaleen biraa kan Qur'aanaa fi sunnaa keessaa barruu/ergaa ifa hin qabne keessattis hojii irra oola. Akkasuma wal-dhabbii fi dhimmoota biroo kan kaliifonni (bakka buutonni) fi waahellan ergamaa kanneen biro hundeessan

⁽⁴⁾Hidhaan/saaphupheen aadaa kana walitti dabarsu dadhabuu wajjin qabiyyeen isaa qulqulluu fi amanamaa ta'uun mirkaneeffatamee jira. *Abuu Umar Yuusuf bin Abdal-Barri, Jaami'u Bayaanal-Ilmi, wadlihii, wamaa yanbagii fii riwaayatihii, wa hamlihii* (Beyruut, Daaral-Fikri, bara hin qabu), 2/73

⁽⁵⁾*Sahiiha Bukaanii* kitaaba azaanii (gara salaataatti waamuu) fi Tirmizii mata dureewwan salaataa (abwaab assalaat).

keessattis. Akkasuma nama hunda kan bakka hooggansaa fi murtii jiru hunda keessatti hojii irra oola.

Yeroo wal-himmattoonni Abuu Bakir bira dhufan jalqaba Qur'aana ilaala. Yoo murtii dhimmichaa Qur'aana keessatti arge isaan murteessa. Yoo Qur'aana keessaa dhabe tarii wanti ergamaan Rabbii dhiisanii deeman (karaa godhan) yoo jiraate ni ilaala. Yoo inni argame isaan murteessa. Yoo akkas hin ta'in ala bahee nama gaafata. Yoo kunis deebii kennuu hin danda'in hooggantootaa fi beektota Muslimaa walitti qabuudhaan mari'achiisa. Yoo warri walitti qabaman kun qabxii tokko irratti waliif galan sanaan murteessa.

Islaamummaan qajeelfama marii hundeessuu fi barbaachisummaa isaa irratti xiyyeefachuu wajjiin dabalataan, akka Muslimni hojiitti hiikuu irratti hirmaatu kakaase. Akkasuma akka hawaasni Muslimaa yeroo, bakkaa fi haala adda addaa keessatti sababa of-danda'aa fi too'annaa (hooggansa) gaariidhaan seera marii hojiitti hiiku, seera adeemsaa godhatuu fi aadeffatu aangoo kenneef. Dablataanis, bal'inaan sirna marii jiruu Muslimootaa keessatti hojiitti hiikuun jarri mataan jaraa mariidhaaf qophaa'uu qabu. Dhaabbileen hundi: dhaabni bulchiinsa biyyaa, hawaasummaa fi hawaasni Muslimaa xiqqaanis akkasuma.

Hojii fi faayidaan muraasni karaa mariitiin galma gaha, kanaaf mariin Islaamummaa keessatti hundeeffame. Beekaan Hanafii Abuu Bakir al-Jassaas faayidaawwan marii armaan gadii tarreesse:

- Dhiimma Qur’aana kabajamaa keessatti sababa of-danda’aadhaan hin ibsamne keessatti ittiin bulchuuf/murteessuuf.
- Kabajaa ejjannoo waahellan ergamaa Rabbii ibsa. Warra sababa addaa hojjachuuf filatamanii fi warra ilaalchi isaanii qabatamuuf malaa ta’e.
- Sababa ilmi namaa murtee irra gahuuf dhiheessu mirkaneessa. ⁽⁶⁾

Beekaan Maalikii Abu Bakir ibni al-Arabii “faayidaan marii wanta duraan beekame irra dhaabbatanii waa hojjachuudhaafi, haqni sun immoo fedhii ummataa dogongoraa irraa bilisa ta’uu qaba. Bu’aa hunda irra caalaa fi dandeettii sababa dhiheeffechuu sammuu ummataa keessaa walitti qabachuudha” Jedhan. ⁽⁷⁾

Akkuma walii galaatti shuuraan (mariin) faayidaa armaan gadii qaba:

- Murtee sirrii ykn irra sirrii fudhachuu.
- Dhiibbaa ofittummaa irraa bilisa tahuu.
- Harka kenniinsa guddaa fi abbaa-irrummaa irraa tiksuu.
- Gadi of qabuu barsiisuu.
- Hundaafuu haqa isaa/isii kennuufii.
- Walabummaa fi kaka’umsaaf qilleensa (haala) mijeessuu.

⁽⁶⁾ Abu Bakir al-Jasssaas, ahaam alQur’aan, 2/41

⁽⁷⁾ Abu Bakir bin al-Arabii ‘Aaridatul-ahwazii fi sharhi sahiih al-Tirmizii’ (Beyruut, Daarul-Fikri lixxibaa’ah, linnashri wattawzii’, bara hin qabu), 7/206

- Dandeettii yaaduu fi karoora baasuu guddisuu.
- Hojii fi gargaarsaaf qophaa'uu.
- Fedhii gaarii fi tokkummaa jajjabeessuu.
- Furmaata gaariidhaaf booddee hin barbaachifne itti fufiinsa qabuuf hawwii qabaachuu.

Boqonnaa Lama

Marii Gaggeessuu Keessatti Dhimmoota Bu'uura Ta'an

Akkamitti mariin akka hojii irra oolu seerri Islaamaa haala yookii daangeffama hin goone. Dhimmi kana fedhii ummataa, filannoo isaanii fi marii waliiniitti dhiise. Hunda of keessatti hammachuu fi kan walii gala ta'uun amala barruu aadaa Islaamaa waa'ee marii keessatti argamuudha. Mariin kun bakka itti hojiitti hiikamu bal'aa qaba. Yoo dhimmichi gufuu qabaate (ulfaataa ta'e) qofa namoota beekumsaa fi muuxannoo guddaa qaban qofaan adeemsifamuu qaba.

Mariin dhimma hawaasaatiin wal-qabatu karoora baasuu, dhimma biyyaa, hawaasaa fi gareelee xiqqoo babal'isuu (fooyyeessuu) of-keessatti qabata. Akkasumas mariin adeemsa dhaabbataa fi hojii raawwachiisuu guddaa gaafata. Seera yookii heera qinda'aa kan seera Islaamaatiin cal'ifamee dhiifame barbaada. Dhuma irratti karaan banaa godhamee xiinxala sirrii kan bu'uura seera-tumiinsa Islaamaa irratti hundaa'eef dhiifame.

Bu'uurri dhaabbataa muraasni yookii kan wanti walii galaa hundeeffamaa fi raawwii dhimmoota hawaasummaa fi hooggansa isaanii walii gala wajjiin wal-qabata. Wanti walii gala sun kan akka shaakala bal'ina marii seera Islaamaa keessatti hin tarreeffamne. Garuu karaa hordoffii fi hubannoon qorachuudhaani. Akkasuma barruu Islaamaa, gocha yeroo ergamaa Rabbii (SAW) raawwatamee fi bakka buutota qaqqajeeloo irraa fudhatama.

Jiruu Islaamummaa keessatti gahee, bal’inaa fi hojii marii dhiphisanii hubachuun kitaaba baratamaa/aadaa dhiphisanii hiikuu fi hojiitti hiikuu irratti hundaa’e. Akkasumas marsaa dhiphoo adeemsa marii fi hojiitti hiikuutti geessa. Nabiyyii fi waahela isaanii lamaan jidduutti qofa ta’a jechuutti hiikuutti geessa. Garuu ergamaan Rabbii (SAW) waahellan isaanii kan hin lakka’amnee wajjiin mari’atan. Akkasumas nama dhuunfaa fi gareewwan wajjiin mari’ataniiru. Nuti barbaachisumma guddaa kan inni “Na gorsaa, ummata” jedhe irraa arganna.

Keeyyanni/aayanni Qur’aanaa lamaan kan mariidhaaf bu’uura ta’e hubannoo fi bakka itti hojiitti hiikamu bal’aa qaba. Amantoota hundaaf, dubartoota dabalatee dirree bal’aa qaba. Seerri hawaasa bal’aa mari’achiisuu fiqhii/hubannoo hadiisa fi walitti qabuu keessatti hojii irra oola. Yoo ragaan isa qeenxeessu /adda isa godhu jiraate qofa qobxeeffama.

Ajjaa fi dhowwaa isaa (wantota dhowwamoo) keessatti seerri Islaamaa dhiiraa fi dubartii bifa wal-fakkaatuun dhiheesse. Inumaa yeroo bamaqaan fayyadamullee qeenxee fi danoomuu keessatti wal-qixxeessee dhiheesse. Nuti dhimmoota ergamaan Rabbii (SAW) bifa addaatiin dubartoota sahaabaa mari’achiisanii fi kan isaan dhiira wajjiin mari’achiisan hedduu beekna. Kunis dhimmoota murteessaa akka lolaa yookii hamilee yookii hojii Islaamaa hojjachuufaadha.

Qur’aanni bakka dubartoonni marii keessa itti seenan lama dubbate. Lameenuu bakka kan Qur’aanni mirkaneessee fi wajjiin walii-galan keessatti argamu. Tokkoffaan mootittii

Saabaa kan isiin marii nama birraa irraa barbaadde yeroo ta'u⁽⁸⁾ kan lammaffaa immoo intala abbaa isii akka inni Muusaa amanamaa sana hojjataa godhatu kakaastedha.⁽⁹⁾Warroonni dubartoonni marii hawaasummaa (fkn. paarlaamaa) keessatti hirmaachuu faallessan dubartoonni dhimma hawaasaa irratti bakka mootummaa/aangoo nama kaan irratti hin fudhattu jedhu. Yaanni kun immoo salphaatti hin deeggaramu. Dubartoonni damee siyaasaa yookii ittisaa keessatti hoogganuun tarii warra sababa isiin dubartii taateef qofa akka hin fayyannetti ilaalaniif fayyaduu dhabuu danda'a.

Mariin tarii beekas ta'ee yookii osoo hin beekin nama muraasa qofa irratti daangeffamuu danda'a. Dhimma garii kan hawaasni keessa galuudhaaf bu'uura hin qabne keessatti namoota gahumsa qaban qofatu mari'achiifaman. Akka beektonni jedhanitti gorsitoonni akkasii guutinsa, beekumsaa fi muuxannoo qabaachuu qabu. Filannoodhaan yookii baallaman filatamuu qabu jedhan. Faayidaan baallamaa (mudiinsa) dorgomtoota filachuu fi namoota ga'umsa qaban warra hawaasa bal'aa biratti hin beekamne yookii hin rajjifatamne hirmaachisuudhaafi. Ergaan Qur'aanaa, sunnaa/hadiisaa fi hiikkaan jaraa filannoodhaaf dursa kennuu wajjiintooftaan kun walitti makamuu akka danda'an ibsa.

Yeroo namoonni gahaan (hangi barbaachisu) mariif walitti qabaman, dhimmi isaaf jecha mariin adeemsifame furmaata argate marii itti fufuu fi marsaa/geengoo isaa bal'isuun

⁽⁸⁾Qur'aan 27:29-35.

⁽⁹⁾Qur'aan 28: 26

hin barbaachisu. **“Dhimma (hawaasaa hunda) keessatti isaaniin mari’adhu. Yeroo muratte Rabbiin irratti hirkadhu.”** (Suuraa Aala Imraan 3:159). Dhimma addaa (kan baay’ee murteessaa ta’e) irratti mari’achuun namoota baay’ee ga’umsa qaban, kan beekumsa guddaa fi qooda fudhachuuf gatii qaban barbaada. Kun immoo gaaffilee saayinsii, seeraa, mana murtii, industirii, diinagdee fi karoora humna waraanaa of-keessatti qabata.

Mariin beekumsaa fi muuxannoo wal jijjiiruu, dhimma hordoffii fi karoorsuu barbaadu irratti yaada wal-jijjiiruu barbaada. Dhuma irratti dhimmoonni guddatan warri marii barbaadan namoota isa irratti mari’achuuf ga’umsa qaban barbaada.

Akka Muslimaatti manni marii hoggansa biyyaa fi mootummaa isaa wajjiin hojjata. *Manni marii* akkasii biyyoota hedduudhaa fi biyyoota Muslimaa keessattis akka dhaaba dhaabbataa fi guddaa ta’ee jira. Gorsitoota bubbulan (*senior advicers*) warra akka seera marii Islaamaatti beekumsa, dhugummaa fi muuxannoo kennan irraa ijaaramuu qaba.

Bu’aan adeemsa marii ajaja dabrsuu qofa kan jedhu falmii baay’inaan faca’edha. Yaadni mana marii inni guddaanii fi murtii mana mariitiin darbee fi sagalee wayyabaan deeggarame akkamitti ilaalama/hojjatama? Muslimoonni duraanii marii hooggantootaaf akka qajeelchaatti ilaalu, garuu beektonni fi xiinxaltoonni warri ammaa hedduun yaada isa hooggantoonni yookii warri bakka aangoo fi humnaa jiranitu waan irra hedduun

gorsitootaa (manni maree) jedhan fudhachuuf dirqama jedhutti dabu.

Hadiisa kabajamaa keessa yaada marii kan sagaleen wayyaabaa irratti walii gale fudhachuu irratti kan akeekutu jira. Akkasuma kan ergamaan Rabbii (SAW) Abuu Bakirii fi Umariin “Waan isin lamaan dhimma tokko irratti waliif galtan, ani yaada/marii isin naaf kennitaniif hin rakkadhu” ⁽¹⁰⁾ jedhanis kanuma deeggara. Ilaalcha isa hawaasa bal’aaf seera baasuu jedhu keessatti yaanni irra guddaan mana marii fi qaama qaama murtii kennuun fudhatamuu qaba.

Marii keessatti yaada irra guddaa fudhachuu kan jedhu irratti Qur’anni seera daangeffamaa hin qabu. Qur’aanni bakka gariitti irra guddaa yookii irra guddaa hanga tokko addatti baasee qeeqe, akkasuma bakka biroo hedduu keessatti immoo manguddootaa fi warra hawaasa keessaa bebbeekamoo ta’an isaanitu ummata jal’ise jechuudhaan qeeqe.

Hadiisni ergamaa Rabbii fi adeemsi isaanii kan biraas hooggantoonni, beektonnii fi dursitoonni siyaasaa hawaasa Muslimaa hatuu/malaammaltummaa fayyadamuu irraa akeekkachiisee jira. Qur’aana keessatti wal-faallessuun yookiii wal-madaaluun jidduu garee xiqqaa fi guddaatti osoo hin taane jidduu gaarii fi filannoo badaatti.

Aayanni Qur’aanaa kan yeroo hunda barreeffamu/dubbatamu “**Dhimma (hawaasaa hunda) keessatti**

⁽¹⁰⁾Imam Ahmaditu Musnada (4/227) keessatti gabaase. akksumas Fathul-Baarii kan Ibni Hajar al-asqalaanii (15/284) ilaali.

dhimmi isaanii mariidhaani.” Kan jedhu marii dhugaa keessatti yaanni fudhatamuu fi murtee darbu nama dhuunfaatiin osoo hin ta’in kan hunduu keessatti qooda fudhatuudha.

Mootiin Saabaa marii gorsitoota (warra marii) isii malee akka murtii hin kennine murteessite. Qur’aana keessatti waan isa faallessu yookii balleessu (yeroon isaa darbeera kan jedhu) hin agarre. Kan nuti hojii ergamaa Rabbii keessatti agarres jechi mootittii fudhatama qabaachuu mirkaneessa. Mootittiin Saabaa Qur’aana keessatti akka fakkeenya walitti qabduu fi hooggansa gaarii kan jiruun isii dhuma irra milkaa’eetti dhiheeffamte/dubbatamte. Jechaa fi gochi mootittii aangoon isiin mana mariitiin aragatte isiif maluu fi isheen dubartii nuuxannoo, hubannoo fi beekumsa qabduudha dhugaa jedhu mirkaneessa. ⁽¹¹⁾

Hojiin qabatamaa kan Nabiiyyiin (SAW) yeroo jiruu isaanii adeemsisaa turan ibsa ummata warra murteen marii inni fudhatamu waan sagaleen wayyaba mari’attootaa deeggareedha isa jedhu deeggara. Lola Badrii irratti ergamaan Rabbii hanga irra hedduun waahillan isaanii: Muhaajiroonni (godaantonni) fi Ansaaronni (deeggartoonni) isa ni deeggaru jechuu mirkaneeffatanutti bakka lolaa deemuu hin barbaanne. Gaafa lola Uhud irraa hedduun isaanii tooftaa ergamaan Rabbii (SAW) ittisaaf ka’an ni faallessan. Isaanis dhimma jaraa erga dhaggeeffatanii booda yaada sagalee wayyabaatiin itti seenan. Mariin kunii fi bu’aan isaa yeroo keenya ammaa kanatti yaada

⁽¹¹⁾ *’Adnaan Anahwii ‘Malaamih ashuura fi al-Da’waa al-Islaamiyyah’* (Demmam:Daaral-Islaah litab’I wannashri, bara hin qabu), fuula 36, Qur’aan 27:43

sagalee wayyabaatu fudhatama moo faallaa isaati kan jedhu dubbii/falmii hedduu kaasee jira.

Akka hiika (*interpretation*) tokkootti ergamaan Rabbii yaada sagalee wayyabatiif jecha yaada ofii dhiisan. Kanaaf wantoonni haala kanaan dhowwuu, kuffisuu fi gatii dhabsiisuudhaan alatti itti fufa. Achumaan osoo hin turin ergaan “Dhimma hawaasaa hunda keessatti isaaniin mari’adhu” jechuun buufame. Hiikni biraa immoo kan ibsu, yeroo yaadni sagalee wayyabaa yaada hoggansa faallessa kan sagalee wayyabaa fudhatama hin qabu jedha. Akka isa boodaatti, taatee hubachuun, muslimoonni bakka sanatti injifatamuun akka barnootaatti fudhatamuu qaba jedha. Hiikkaan/ilaalchi lammaffa waa’ee taatee Sanaa dhiisanii ilaalcha barbaachisummaa isaa isa mul’ataa dhiisuu irratti xiyyeeffatan.

Sahaabota warra gocha kana keessatti qooda fudhates ta’ee ergamaan Rabbii kan ajaja, gorsaa fi qajeelfama kennanii turanis kanatu sababa injifatamuuti hin jenne. Qur’aanni mataan isaa dhimma kana bal’inaan ibse garuu hiika kanaa (sababaa injifatamuu) waan tokkollee hin dubbanne.

Nabiyyiin kan yeroo hunda marii hojiitti hiikan akkuma yeroo hunda hojjatan hin mari’achiifne. Osoo yaada ummata biraa dhaggeeffachuuf hin eegin hojjatan. Kunis waan namni nama tokko kan ergaa fi ajaja Rabbiin irraa fudhatu irraa eegudha. Yeroo ergaan Qur’aanaa Rabbiin birraa isaan biraa hin jiraatin nama biraatiin mari’achuu hin balfanu.

Yaadni sagalee wayyabaa jedhu qajeelfama fi aadaa Islaamaa keessatti haaraa fi alagaas miti. Hawaasa Islaamaa, aadaa fi seera isaanii keessatti baratamaadha. Seerri sagalee wayyabaatiif bakka kennuu beektota Muslimaa biratti dur irraa eegalee baratamaadha. Fakkeenyaaf beektonni hadiisaa kan odeesitoonni baay'een deeggaraniif dursa kennu. Akkasumas beektonni fiqhii fi *usuulafiqhiis* (hundeewwan beekumsaa) kan yaadni beektotaa fi xiinxaltoonni baay'ee deeggareef bakka guddaa kennu. Yoo beektonni dhimmicha irratti wal-dhaban kan irra sirriitti dhihaatutu sagalee wayyabaatiin fudhatama. Seeruma kanatu ilaalcha sahaabotaan taheefis hojii irra oola.

Dhimma tokko irratti warra beekumsa gahaa fi muuxannoo qabutu karaa sirrii fi dhugaatti akeeka. Jara kanatu karaa Qur'aanaa fi hadiisaan fudhatamuu fi faayidaa/iccitii isa jala jiru irratti akeeka. Yeroo baay'ee karaa sirrii fi haqatu sagalee wayyabaa wajjiin jiraata.

Ragaan akkanaa Qur'aana keessaa, jiruu Nabiyyii fi bakka buutoota isaanii irraa fudhatame. Akkasumas seera beektonni *fiqhii*, *usuulal-fiqhii* (*hunde beekumsaa*) fi *hadiisaa* kaa'an irraa fudhatame.

Boqonnaa Sadii

Ibsa Gabaabaa Marii Islaamummaa Yeroo Yundeeffama Isaa Irraa Eegalee

Boqonnichi jalqaba irratti muuxannoo marii ummanni Islaamaa qabu, mariin yeroo Nabiyyii Rabbii (SAW) fi bakka bu'oota qaqqajeeloo akkamitti akka adeemsifamaa ture fi bara isaan boodaa keessa akkamitti akka kufe/of-duuba deebi'e kan ilaaluudha. Marii ammaatiif barnoota kenna. Fuulduraafis irraa of hin duroofamu. Akkasumas jiruu Muslimoota bara biraa irraas gargaarsa barbaada.

Mariin Muslimoota jaarraa duraa fi biyya isaanii haaraa keessatti jabeenyaa fi wal-qabatiinsa uume. Har'a sochiin haaromsa Islaamaa jara akka fakkeenyaatti fudhachuudhaan jijjiirama bara ammayyaa kana keessatti gufuu/rakkoo murtaawaa dura dhaabbataa jiru. Haala amma keessa jirru seera Islaamaa kan madda mirkaneeffamaa of keessaa qabu irratti hundaa'uu qaba.

Muuxannoon marii Islaama duraanii barnoota armaan gadii nuuf kennee jira. Mariin nama sammuu gaarii qabuu fi dammaqa qabuu, kan qajeelfama Islaamaa hordofuuf akka deebii daddafaa uumamaatti ilaalamuu danda'a. Islaamummaan hojii namaa fi seerota bu'uuraa kan faayidaa waliinii qabu hedduu seera godhe. Yeroo Islaamummaa duraanii mariin jabaa fi wal-qabataa ture. Dhimma ulfaataa fi salphaa of keessatti qabata, faayidaa dhugaatii fi dhiibbaa safuutiin ulfeeffamaadha. Mariin Nabiyyiidhaan, waahellan isaaniitii fi bakka buutota qaqqajeeloodhaan shaakalamaa ture.

Mariin guddaan jidduu nama dhuunfaa fi garee xiqqaatti adeemsifame nama bakka ergmaa Rabbii bu’u (hooggansa dhaalu) filuu irratti ture. Kunis booda irra Abuu Bakri ta’e. Abuu Bakri filuun amantiin (afuuraan) hogganaa cimaa ta’uu isaatiini. Abuu Bakri yeroo dhukkubsatan nama bakka isaanii bu’u filachuudhaaf marii karaa godhe. Kunis booda irratti Umar filamuutti geesse. Yeroo Umar du’atti dhihaatan namoonni isa bira dhufanii akkuma Abuu Bakriin godhan akka bakka bu’aa booda isaanii godhan irra barbaadan. Umaris yeroo kanaaf deebii kennan “Warroota ergamaan Rabbii irraa jaalataa du’an caala namni waan kanaaf malu akka hin jirre nan beeka jedhan.”⁽¹²⁾

Umar namoota jaha akka isaan hojii bakka bu’iinsaa fudhatan file. Filannoon isaa kunis namoota jahan ergamaan Rabbii bifa addaatiin jaalatan irratti xiyyeeffata. Akkasumas namoota kanatu hawaasa Muslimaa biratti jaalatamtoota turan.

Gaaffin biraa kan marii barbaachisu akkamitti daangaalee qabataman qindeessa, dhimmoota *fiqhii* kan siyaasaa, humna waraanaa fi diinagdeetu jidduu sahaabota ergamaa Rabbiitti dhimma marii ture. Yeroo Umar, loltoonni fi bakka buutonni waan hunduu irratti waliif galu irra gahuu dadhaban dhimmicha gorsitoota warra amanamaadhaaf mariif karaa bane. Umar yaada isaaniitiin hojii qoqqoodama balleessuu kan beektotaa sahaabaa hedduudhaan raawwatame deegaran.

⁽¹²⁾Sahih Al-Bukaarii kitaaba fadaa’ilaa (caalmaa) keessatti, mata duree seenaa waadaa galuu fi Usmaaniif kakachuu(filuuf) walii galuu jedhu jalatti.

Yeroon duraanii fi hojiin marii qindaa'aan isaa fedhii marii nama biraa fudhachuu, walabummaa yaadaa, marii, kaka'umsaa, dhugaa ibsuu, haqummaa, amanamummaa, salphaa tahuu dhaabbataa fi hariiroo jiru eeguuf jijjiiramaa tahuun (hundaa wajjiin deemuu danda'uun) amala isaa ture. Fakkeenya armaan olitti dabarsine keessatti Abuu Bakrii fi Umar osoo dhimmicha irratti hawaasa Muslimaa wajjiin hin mari'atin seera haaraan hojjachuu mirkaneessuu didan.

Barri bulchiinsi bakka buutota qaqqajeeloo irraa gara Umawiyyootaatti ce'e bu'uura jijjiirama siyaasaa Islaamaa ta'e. Babal'ifanaan (biyya qabachuun) Muslimootaa kallattii baay'eedhaan ariitiidhaan itti fufullee: fiqhii, aadaa, siyaasaa, barnootaa fi humna waraanaatiin sirni siyaasa kan bakka buutota qaqqajeeloodhaan hundeeffame-kan yaada namoota biraa fudhachuu irratti hundaa'e- irraa gara sirna abbaa irrummaa isa dhaala aangoo irratti hundaa'etti darbe. Kunis madaa gadi fagoo waggaa dheeraadhaaf laalataa jiruudha.

Rakkoo jijjiirraa kanaa keessaa inni duraa tokko, kan mataa biyya Islaamaa dhahe, sana booda akka walii galaatti wal-gahe shaakala marii kan Qur'aanaan hundeeffamee mirkaneeffameedha. Akkasumas karaa jiruu Nabiyyii fi bakka buutota qaqqajeeloo tureedha.

Hanga ammaatti mariin dhaabbataa fi qindoomina dhabee jira. Kunis guddinni gara garaa hawaasa Islaamaatiin argamaa jiraatuu wajjiini, biyyoonni Islaamaa, gaarii fi badaan hundeeffama karoora qindeeffamee, dhaabbataa fi tooftaa jiruu Muslimaa hunda irratti dirqama godhe.

Jijjiiramni dhaabbataan qabatamaan caasaa isaa hundaa, seeraa fi maloota hojii yeroo jabeenyaa fi babal’atiinsa biyyoota Islaamaa kan yeroo bakka buutota qaqqajeeltotaa aragame. Yeroo tokko tokko qaroominni/guddinni muuxannoo ummata biraa ergifatanii baay’isuudhaan ta’a. Yeroo kaan immoo maddootaa fi qajeelfamoota Islaamaa bu’uura godhachuudhaan waa uumuudhaani. Haala kanaan biyyoonni Islaamaa caasaa dhaabbilee siyaasaa, madda galii, bulchiinsaa, humna waraanaa, barnootaa, mana murtii fi dhimmoota hawaasaa keessatti waan haaraa yookii fooyyeffam hedduu isaan barbaachisa.

Biyyoonnii fi ummanni Islaamaa kaayyoo isaanii kan afuuraa fi qabeenyaa guuttachuuf tooftaa fi qindoomina isaanii irra deebi’an. Ammallee mariin bifa sararaa fi seera adeemsaa (*plane and system*) wahiituu hin qabanne. Sirna marii salphaa, kan hin karoorfamne, jijjiiramaa kan jalqaba Islaamummaa sana irraa gara marii bal’aa, tasagabba’aa/qindaa’aa fi hojii baay’ee qindaa’aatti ce’uu qaba. Jijjiirama jiruu, hojii seeraa fi qindoomina qabu kan hawaasa Muslimaatiin dagaagetti ce’uu qaba.

Adeemsi dura ta’aa amantii fi siyaasaa ummata Muslimaa filuu amma akka oduu (tiyoorii) fi qabatamaattis gadi dhiifamee jira. Garuu haala keessaa foo’amu, kan isa keessatti mariin sirna siyaasaa keessatti irraa dhaabbatamutu jira. Aangoo qabachuun yookii dhaala sanyiitiin, yookii cabsanii qabachuudhaa fi saamichaan/humnaan ta’uu danda’a. Hojiin siyaasaa harka hogganaa qofa seena. Yeroo kana fedhii dhuunfaa fi hawwii isaa

qofatu waan hunda murteessa jechuudha. Kanatu baay'inaan bulchiinsa siyaasaa keessatti baay'ata.

Garuu hojii irra-oolmaan sirna marii Islaamaa inni akka seenaa Islaamaatti hunda caalaa fi baay'inaan dagaage sirna murtii Islaamaa keessatti. Dhimma murtii keessatti namaa wajjiin mari'achuun hiddi isaa yeroo bakka buutota qaqqajeeloo irraa ka'e.keessattuu yeroo Umarii fi Usmaan. Bifti marii murtii keennuu duraanii kun haala baay'ee qindaa'aa ta'een ture. Keessattuu Ispeenii fi Morookoo keessatti qaama murtii keessaa kutaa tokko ta'ee ture. Sirna kana keessatti warri marii godhan akka gorsitootaatti warri beekumsa seera Islaamaa irratti ga'umsa qaban abbaa murtiitiin yookii hogganaadhaan filamu.

Damee marii keessatti sirna murtii bifa addaatiin ilaaluudhaan, murtiin Islaamaa bifa walii galaatiin yeroo ilaalle akka seenaatti jiruu Islaamaa isa irra caalaa fi shaakala Islaamaa bakka bu'a. Kunis waan inni madda Islaamaa qulqulluu irratti hirkatuuf bal'inaan of danda'ee hojjachuu keessatti milkaa'e. Seenaan biyyoota **Islaamaa wal-duraa fi duubaa keessatti, sirni siyaasaa madda aangoo seera** baasuu fi aadaa dura dhaabbachuu hin dandeenye.

Boqonnaa Afur

Marii Yeroo Ammaa: Akkamitti Irratti Kakaasuu fi Irratti Ijaaruu Dandeenya?

Dhimmoonni baay'een kan mariidhaaf ta'an hedduutu sirriitti hin hubatamne, sirni mariis sirriitti hojii irra hin oolle. Haaromsii barbaachisummaa marii irraa raajjeffachuu gara sirna marii ijaaruutti nu geessa. Akkasumas ammallee dhimma garaa garaa irratti hojii marii mirkaneessuuf caalaatti hirmaachuu fi caasaa isaa hundeessuu nu barbaachisa.

Dhimmootaa fi sirnoota mariitti hidhata qabaniif bifa qinda'aa fi bu'a- qabeessan hubachuudhaaf, bifa jiruu ammayyaa wajjiin wal-simatuun hubachuudhaaf seera yeroo jalqaba Islaamummaa duraanii—yeroo Nabiyyii fi bakka buutota qaqqajeeloo lafa ka'ame/hundeeffame ilaaluu qabna.

Hundeeffamni kun kan armaan gadii of keessaa qaba:

1. Qajeelfama yaad-diddaa (tiyoorii) fi yaada qabatamaa kan fakkeenya Nabiyyii, sahaabotaa isaanii fi bakka buutota qaqqajeeloo irraa fudhatame qaba.

2. Seeraa fi kaayyoo seera Islaamaa.

3. Sirna mariin wal-qabatuu fi qindoomina kan Muslimootaan seenaa isaanii keessatti addunyaa hunda irratti hojii irra oole.

Shaakala marii hundeessuuf qabxiin adda ba'iinsa keenyaa inni amantii Islaamaa fi ergaa isaa kan Rabbiin biraa dhufe hubachuudha.

Akkasitti inni kenna Rabbiin biraa ta'ee fi hundeeffama shari'aa ykn seera Islaamaati. Deemee deemee isa hojiitti hiikuun shari'aa hojiitti hiikuu jechuudha. Isa diduun shari'aa diduudha. Ergaa Rabbiin biraa bu'etti aansee, mariitu maddaa tokkoffaa kan hojii kamitu akka dhuunfaattis ta'ee akka gamtaatti hayyuummaa/beekumsaa fi qajeelcha sirrii mirkaneessa jechuu hiika itti kennudha. Muslimni jalqaba waan Rabbiin biraa bu'een qajeelfama, sana booda mariidhaani.

Karaa madda qajeelfamaa kana lamaaniin beekumsii fi hubannoon argama, jara kanaa wajjiin dandeettiin bifa bu'a qabeessaan, sababaa fi hiika quubsaadhaan shaakaluu fi hojjachuun argama. Yeroo dhimmi waan hawaasa keessatti garee hawaasaatiin hojjatame yookii kan mirga nama biraa tuqu ta'e, mariin baay'ee barbaachisaadha. Yeroo mariin dhimma akkasii ta'e namoota mirgi isaanii tuqame (yookii kan isa bakka bu'u) dirqama of-keessaa qabaachuu qaba, keessattuu ennaa dhimmichi sun kan egereen isaa jara kan tuqu ta'e.

Islaamummaa keessatti wanta kan Rabbii qofa ta'e qaama biratiif kennuun ykn qooduun bakka hin qabu, garuu dhimma keenya keessa qaama biraatii qooda kennuu/hirmaachisuu filannoo hin qabnu. Kanatu cuunfaa/ijoo mariiti. Karaa mariitiin warra biraa wajjiin yaaduu, karoorsuu fi hogganuutti seenna. Ummanni qoodannaa akkasii hojjachuuf waliif kennu, warri bakka humnaa (aangoo) fi itti gaafatamaa jiran ummanni isaan aangoo sana irratti fayyadamaa jiran akka jarri karoora yaaduu, karoorsuu fi hoogganuu irratti hirmaatan eeyyamuufii dirqama addaa qabu.

Dhimma hawaasaa fi fedhii isaanii waliinii keessatti mariisifamuun mirga Muslimaati. Waan ummanni kallattiidhaan yookii karaa bakka bu'oota isaaniitiin marii keessatti hirmaachuun eeyyamamuufiin mirga isaanii ta'eef mirga kana isaan dhowwachuun isaan miidhuudha. Akkuma lakkoofsi nama mirga kana dhoowwatamee dabalaa deemuun dhabiinsi kun dheerataa deema, dhiibbaan isaa miidhaa qabu wal-irratti tuulamaa deema. Umar dhimma kana irratti jabeessee dubbatee jira. Yeroo du'a irra jirullee waa'ee ummata warra mirga namootaa kan waa'ee isaan ilaallatu irratti mari'achuu dhoowwatani dhaame.

Barnoota hin dubbatamne, kan hawaasni Muslimaa isa dhabuudhaan marii sirna qabeessa dhabe nuuf kenne. Yeroon barbaachisummaa fi gatii mariin qabu raajjeffannu amma. Dhuma irratti, eega Qur'aanaa fi Sunnaatii mariitu madda qajeelluma ummataa fi hiikaa amanamaa ittiin dhimma isaanii hooggananudha. Marii deebisuudhaan miidhaa kana bakka isaatti deebisuun haaromsaa fi dammaqa afuuraa fi meeshaatiifis haal - duree barbaachisaadha.

Dhaabbata turaa keessatti *shuuraan* hin mirkanaa'u. Kunis faallaa hojii akka mootummaa, bulchiinsaa, qooda Zaka, kenna amantii (waqfii), *hisbah*,⁽¹³⁾ gabaa, mana murtii, to'annaa yakkaa, seera, tasgabii eegsisuu, beekumsaa fi barnootaati. Yeroo Islaamummaa duraanii hundeeffamni dhaabbata akkanaa hin

⁽¹³⁾ Hisbah-jechuun gosa hojii amantii kan gaariitti ajajuu fi hamtuu irraa dhowwuu irratti hundaa'edha. innis bara Abbaasa'id of danda'ee hundeeffame.

barbaachisuus, haala yeroo sanaatiifis hin mijjatu. Waan adeemsi marii yeroo Sanaa dhiifama, salphaa tahuu, dhugummaa fi amanamummaa qabuuf seera daangeffamaa/ibsamaa fi dhaabbata addaatiin alatti mariin yeroo hunda haala gaariidhaan adeemsiifame. Yeroo bakka buutota qaqqajeeloo kaka'umsaa fi tarkaanfiiwwan baay'eetu fudhatame. Garuu dhaloota fuulduraatiif hin dagaagne.

Dhimmi hunda caala sirrii ta'e adeemsa dhaabbata akkasii keessatti yeroodhaa gara yerootti sadarkaalee dhimmoota jiruu adda addaa keessatti gara seera mariitti dagaaguu qaba. Keessattuu sadarkaa siyaasaatti. Bakki banama dhaabbataa fi *fiqhii* kan hooggansa marii fi garaa garummaa siyaasaa marsee jiru *loojikii* (yaada) 'Aangoon/humni kan baay'atee argameefi' jedhuuf karaa bane.

Marii jechuun seera Islaamaa, sababa, *loojikii* fi fedhii waliinii jidduu miseensota hawasaatti bakka aangoo buusuudha. Mariin yaada wal-jijjiiruu, wal-hubachuu, walii galuu, kan isa keessatti namni hunduu itti gaafatamummaa ofii bahatu of-keessatti qabata. Akkasumas mariin adeemsa wal-falmii, wal-amansiisuu fi namni tokko ragaadhaan akka of-qajeelchu eeyyamuuti. Dhaabbata hojii marii fi seera isa tasgabbeessu mijjeessu nu barbaachisa. Yoo Islaamummaan mariidhaaf seera ifaa hin kaa'in dhimma dhaabataa jiruu hundaa kan jijjiirama qabutti geessu wajjiin wal qabata.

Muslimni beekumsaa fi barnoota barbaaduun keeyyatoota Qur'aanaa hedduu fi Hadiisa ergamaa Rabbii keessatti itti kakaafamee jira. Bifuma wal-fakkaatuun ergamaan Rabbii

ummata Muslimaatiif wal-marii, beekumsaa fi barnoota barbaaduudhaan wal-qabsiisanii fakkeenya shaakalaa kan kaa'an agarra. Nuti amma irra deebinee *tiyoorii* (yaad-didda) fi yaada qabatamaanis marii hundeessuudhaan dhimmicha sirreessuuf deemna. Seera dhaabbata keenyaa irra deebinee waamnee isa irratti hanga danda'ame hundaan ijaaruu malee filannoo biraa hin qabnu.

Biyya banuun (of-jala galchuu) Islaamummaa fi hawaasa Islaamaatiin argame gulantaa hunda irratti gatii kafaluudhaan dhufe: wal-madaaluu dhabuu fi gama qulqullina jiruutiin biyyoota Islaamaa fi hawaasa Muslimaa tokko tokko biratti dadhabbii qabaachuu, sadarkaan iimaanii (sodaa Rabbii) fi amalaa gadi bu'uu faadha.

Sahaabonni ergamaa Rabbii fi warri ilaalchaa fi adeemsa isaanii argan galaana Muslimoota haaraa kanniin baadiyyaa Arabaa, levant, Iraaq, Gibtsii, Pershiyaa, Afrikaa kaabaa fi bakka biraa warra Umar, Usmaanii fi Aliyyiin lolan irraa dhufan keessatti yeroo ilaalamanu ni xiqqaatan. Mariin yeroo tokko adeemsifame akka ka'umsaa/seeraa akka ta'uuf ol-hin ka'amne yookii seera hin godhamne.

Guddinni jiruu ummataa fi hawaasaa keessa jiru, keessattuu hanqinni akka gaariitti of-danda'uutti fayyadamuu fi sababa uumuutti waama/nama geessa. Adeemsi yaaduu kun seerri Islaamaa, ulaagaaleen qajeelgha isaa fi kaayyoon isaa haala nuti amma keessa jirruun kan wal-simatu argamsiifachuudhaaf nu gargaara. Dirqama safara/madaala qabaachuu fi dhaabbata amantii Islaamaa tiksuu, fedhii Muslimootaa eegu, waan jiruu

dhuunfaa fi hawaasaa irratti dhiibbaa fidu irraa kan eegu hundeessuu qaban.

Marii bakka kabaja isaatti deebisuudhaaf (akka yaadaattis ta'ee akka dhaabbataatti) muuxannoo seenaa duraanii irraa beekumsa fudhachuu qabna. Injifannoo fi kufiinsa argame irraas barnoota fudhachuu qabna. Deebisanii ijaaruun sun kufiinsa duraa kan yeroo marii-bakka banaa dhaabbataa- kan jedhamu sana bakka buusuu/tolchuu qabna. Kunis hojii marii seeraa fi dhaabbata qabeessa godhuudhaani.

Mataa keessatti walitti qabuu barbaaduu wajjiin ulaagaalee seera baasuu afurtu bal'inaan kitaaba seera Islaamaatiin deeggarama, guddina haaraa ilama namaa keessattis hiikamuuf mijata. Fakkeenyi gaariin isa duraatiif, tarkaanfii Umar fudhateedha. Kunis nama tokko kan du'uuf deemu, nama filatetti dhaamuuf akka deemu barraan hawaasa Muslimaa kaan */fait accompli* Wajjiin dhiheesse. Hawwii badaa kana keessatti Umar akka dhaamsi/kakuun marii Muslimootaatiin ala te'u akka gatii hin qabne labse. Collummaa fi murannoodhaan ulaa wal-mormii hawaasa keessatti kaasuu cufe. Kunis *mana* marii kan yaada ummataa ilaalcha keessa galchu, kan isa keessatti namni tokko hin xureeffamne hundeessuudhaani.

Ulaagaan seera tumuu lammaffaan *saddu-al-zaraa'i* – wantoota waan dhowwamaatti geessan yookii diiggaatti geessan irratti karaa cufuu jechuudha. Kan lammaffaa irra dhiphaa fi waan murtaawaa qofa irratti kan xiyyeeffatuudha. Kunis waan inni seera waan tokkoo kan waan biraa dhoowwamaa godhuuf itti fayyadamuun wal-qabatuufi. Kana jechuun jecha biraatiin wanti

seera qabeessii fi eeyyamamaan tokko waan itti yaadameef alatti faayidaa biraa qaba jechuudha. Fakkeenyotaa fi shaakala hojii hedduu kan dhaabbataa fi mariidhaaf tika kennutu jira. Ergamaan Rabbii osoodhuma fuul-lameewwan (munaafiqoonni) isaa fi hawaasa Muslimaa rakkoo keessa buusanuu ajjeesuu/loluu didan. Sababni isaas gochi kun namoota Islaamummaa irraa baqachiisaadhaafi. Ergamaan Rabbii munaafiqoonni gariin du'uu akka haqa godhatsan ni beeku, garuu seera *sadda al-zaraa'i'* jedhu hojiitti hiikuudhaaf dhiisan.

Adeemsa marii keessatti seerri/ulaagaan argamuu qabu sadaffaan qabiyyee fedhii/faayidaa ummataa (*al-masaalihu al-Mursalaha*), seera bu'uuraa Islaamaa keessaa isa tokko. Kunis yaad-seerrii Islaamaa faayidaa ummataa kan afuuraa (amantii) fi addunyaa eegsisuufi rakkoo isaan irraa deebisuudhaafi kan jedhu irra dhaabbachuudhaani. Fedhiin ilma namaa tokko tokkoon Qur'aanaa fi Hadiisa keessatti adda baafamee ibsamee hin jiru. Garuu haala hawaasa keessa jiru irratti hundaa'uudhaani. Seerri Islaamaa fedhii ilma namaa tokko tokkoon hin tarreessu, seera fedhii sana tokko tokkoon hoogganus hin qabu (garuu seera walii galaa qaba). Kunis fedhiin namaa waan lakka'amee hin dhumne, kan guyyaa guyyaan dabaluu waan ta'eefi.

Kanaafuu Islaamummaan seera bal'inaa qabaachuu wajjiin seera walii gala kan dhimmoonni adda addaa fi kan guyyaa keessa argaman seera isaa jala seenan lafa kaa'e. wantoonni gaariin, bu'a qabeessi, sirriin, haqnii fi tola ooltummaan seera Islaamaa jedhama. Sadarkaa barbaachisummaa isaa irratti hundaa'uudhaan waan irratti

kakaafamu (*manduub*) yookii waan itti ajajamu/dirqama (*waajib*) ta'uu danda'a.

Bulchiinsi Islaamaa seera -qabeessi wantoota armaan gadii guuttachuu qaba:

1. Seera Islaamaatiin kan wal-simatu, qajeelfama isaatii fi barruu/ergaa isaa kan hin faallessine ta'uu qabu.

2. Kan hubatamu, *loogikii* (kan sammun namaa fudhatu), kan yoo namoota yaada qabaniif dhiheeffame fudhatamu ta'uu qaba.

3. Yeroo fudhatamanii irratti hojjataman kan kaayyolee Islaamaa galmaan gahuuf hojjatu ta'uu qaba.

Akka walii galaatti, fedhiin ilma namaa kan tikfamuu qaban, kan seerri Islaamaa irratti hundeeffame qabiyyee bal'aa fi kaayyoo Islaamaa walii galaa wajjiin dhaabbataa ta'ee jiraachuu qaba. Kaayyolee kana galmaan gahuuf hojjachuu qaba.

Ulaagaaleen bu'uuraa seera Islaamaa kaa'uuf barbaachisan kun beektota Islaamaa, hooggantootaa fi mana murtii biyyattiitiin hojiitti hiikamuu qaban. Jiruu ilma namaa garaa garaa keessatti akka bu'uuraatti tajaajiluu qaba. Shaakalli akkanaa tokko kan argame yeroo bakka bu'aa Abuu Bakri Qur'aana walitti qabuu fi kooppii isaa yeroo bakka bu'aa Usmaan bin Affaan biyyoota Islaamaa hundatti raabsuudha.

Seerrii/ulaagaan afraffaan faayidaa waliiniitiif nama biraa irraa ergifachuudha. Ibsa kanaaf seerri haqaa beekamaan hin jiru. Garuu qabiyyeen isaa seera Islaamaa keessatti fudhatamaadha. Seenaa Islaamaa keessattis hojii irra ooleera. Ergamaa Rabbiitiin, sahaabota isaaniitii fi bakka buutota qaqqajeelooaadhaan hojii irra oolee jira. Akkasumas jaarraalee dheeraadhaaf biyyoota

Muslimaa keessatti hojiitti hiikamee jira. Keessattuu dhimma dhaabbataa fi adeemsa bulchiinsaatiin wal-qabatu keessatti.

Muslimni waanuma fedheefuu itti haa fayyadamanii waan amantiidhaan wal-hin faalleessine ergifataa turan. Waan tokko nama irraa fudhachuu/hordofuun gaariidha moo miti kan jedhu ulaagaan ittiin murteeffamu faayidaa fi fedhii Muslimootaa ni guutaa? Kan jedhu ilaaluudha. Ergifannaan sun hiikaa ergamaa Rabbii kan gargaarsa Qur'aana irraa argatu hordofuuti, fakkeenya ergamaa Rabbiitiin, sahaabota isaaniitii fi bakka buutotaan ka'ame hordofuudha. Dimokraasii keessatti –fakkeenyaaf beekumsaa fi hojii qabatamaa barbaanna. Dimokraasiin qabatamaan uunkaa, dhaabbataa fi adeemsa qabaachuu qaba.

Haaromsaaf marii akka meeshaatti ilaaluudhaan mariin yaada wal-jijjiiruu ammaa siyaasaa fi hawaasummaa keessatti bakka bu'iinsatti yaaduu calanqisiisa. Akkasumas xiyyeeffannoo isaa kan addaatii fi bu'aa isaatti yaadda'a. Mariin seera/ulaagaa haaromsa sammuu fi onnee Muslimaa keessatti hidda gadi fageeffate boca. Egaa akkamitti seera haaromsaa kana gara qabatama hojiitti jijjiirree ummanni Muslimaa fuuldura tarkaanfata, ijaarsa isaatii fi humna dagaagaa jiruu kan jidduu hawaasa Muslimaatti argamu sissi'eessa? Aadaan marii barbaachisaadha.

Aadaa marii kakaasuun/beeksisuun barreeffama dabalataa/hedduu, dhiheessa/ibsa hedduu, hiikaa fi bu'aa marii hubachiisuu, inni dhabamuudhaan waan dhabnee fi miidhaa inni qabu caalaatti ibsuu barbaada. Ibsi/barsiisni aadaa marii diriirsuuf barbaachisu hanga danda'ameen *chaaneelii* (toora) hundaan

darbuu qaba. Kunis meeshaalee sab-qunnamtii, barsiisuu, qajeelchuu fi seera yaada wal-jijjiiruu Islaamaa keessatti dhufuu/argamuu isaa barsiisuudhaani.

Mariin nama dhuunfaa dhimma isaa hoogganuu keessatti sadarkaa haaraatti ol-kaasa, fedhii ofii fi nama dhuunfaa baay'inaan akka tajaajilu godha. Of-qulqulleessuu fi sammuu isaa guddisuuf jecha miidhaa inni mataa ofii fi nama biraa irra geessisu xiqqeessa.

Garee fi dhaabbileen kana keessatti argaman aadaa marii Muslimoota keessa babal'isuu ni danda'u. Kunis mata-duree kana irratti hubannoo babal'isuudhaan, miseensota garee sanaa adeemsa isaa barsiisuu fi marii hojii garee isaaniitti makuudhaani.

Guduunfaa

Namni dhuunfaa fi gareen hojii mariitti kakaasan seera Islaamaa gatii horachiisuutti geessa, hawaasaaf gargaarsa bu'uuraa uuma. Mee keeyyata Qur'aanaa kan “Dhimmi isaanii jidduu isaaniitti mariidhaani”⁽¹⁴⁾ jechuun hawaasa Muslimaa ibsu haa yaadannu. Keeyyanni (aayanni) kun kan buufame ummata Islaamaa garee xiqqoo, kan ummata gara amantiitti waamanii fi kan biyyaas ta'ee bakka bu'aa hin qabne irratti. Afuurri marii aadaa nuti keessa jiraannu keessa jiraachuu qaba. Kana jechuun jiruu namaa keessatti tamsa'ee argamuu qaba jechuudha. Mariin qilleensa walabummaa qabu qofa keessattu milkaa'uu fi turuu danda'a. Kunis walabummaa yaada ofii ibsachuu, walabummaa yaaduu fi walabummaa haasaa of-keessatti qabata.

⁽¹⁴⁾Qur'aan42:38

Waa'ee Abbaa Kitaabaa

AHMAD AL-RAYSUUNI In Digrii 3^{ffaa} (PhD) isaa Yuniversitii Muhammad al-Kaamis, Rabat Morookoo irraa fudhate. Ministeera haqaa keessa hojjatee ture, Gulaalaa Gaazexaa *al-Tajdiid* jedhuuti, miseensa Jam'iyyatul-Ulamaa (tokkummaa beektota Islaamaa) kan Morookoo keessaati. Piroofeesar al-Raysuuniin kitaabotaa fi waraqaa hedduu *al-Maqaasid* irratti Arabiffaan barreessan. Gariin isaa afaan biraatti hiikamee jira. Yeroo ammaa *Usuul-al-Fiqhi* fi *Maqaasid al-Sharii'aa* koollejjii Artii fi Namummaatti barsiisa, Yuniversitii Muhammad al-Kaamis, Morookoo.

Kitaabni Kun

Kitaabni walittii fufaan (silsalaa III) jedhamu kun maxx-ansaa dhaabbatichaa furtuu tahan walitti qabaman bifa cu-unfaatiin dubbistootni akka hubannaa cimaa barruu bu'uuraa (orignaal) qabaataniif barreeffameedha.

Muslimtoonni irra jireessatti faayidaa fi gatii dubbii ijoo qur'aanaa kan tahe walmarii (Alshuuraa) qabuu fi gahee ol'aanaa guddinaafi haaromsa hawaasa musliimaatiif qabu hin hubanne. Hojii kana keessatti barreessaan kitaaba kanaa akkaataa shaakala/raawwii, hiikkaa isaa furtuu ta'an qorachuu fi ibsuu, Akkaataa tirannaa guddinaa fi seenaa dhufaansa isaa , gara dhaabbataatti guddachuu fi hawaasa muslimaa keessatti alshuuraan itti raawwatamu irratti kan xiyyeeffateedha.

Al shuuraan (walmariin) addunyaa musliimaa hunda keessatti cinaatti dhiifamuu isaa wal nama hin shakkisiisu. Sababni isaas xaxama seenaa fi siyaasaas kan qabuudha. Bar-ruuleen hedduunillee yoo barraawwan, Akka yaada bar-reessa kitaaba kanaatti, karaa sirriidhaan shaakalamuu dhabuu fi ta'e jedhamee akka irraanfatamu gochuudha jedhu.